# Kilinika Dubartoota Afrikaa (African Women’s Clinic)

## Eenyutu Kilinika Kana dhufuu danda'a?

Namni dhaqna qabaa dubartii (muruu aadaa) godhe kamiyyuu, umriin kamiyyuu ta'us gara kilinikaa dhufuu ni danda’a. Yoo dargaggeessa, ulfa, ykn umuriin kee guddaa ta’ee fi waa’ee dhaqna qabaa kee dubbachuu barbaadde dhufuu dandeessa.

Qaama saalaa keessan banuuf (deinfibulation jedhamu) yoo barbaaddan asitti akka hojjetamu gochuu dandeessu.

Yoo ulfa taate, torban 34 dura raawwatamuu qaba.

Kilinika kana keessatti adeemsa baqaqsanii hodhuu biroo hin hojjennu.

Kilinikichi Jimaata banaadha.

## Akkamitti isin ilaalla

Kilinikiin Dubartoota Afrikaa kun kan geggeeffamu narsoota/deessistoota namoota dhaqna qabaa dubartootaa ykn muraa aadaa qaban kunuunsuu irratti muuxannoo qabanidha.

Waa'ee fayyaa kee fi dhaqna qabaa kee si waliin ni haasa'u. Adeemsa yaalichaa, jijjiirama adeemsa booda sitti dhaga’amuu danda'uu fi akkamitti akka fayyuu dandeessus siif ibsu.

Dhimma fayyaa biroo kamiyyuu waliinis odeeffannoo fi deeggarsa isiniif ni kennu.

Hojjetaan Sagantaa Barnoota Mirga Maatii fi Walhormaataa (FARREP) beellama keessan irratti isin deeggaru danda’a

Yoo **kaardii Medicare** qabaattan, tajaajilli kuni bilisa.

Yoo kaardii Medicare hin qabne ta’e, maaloo hojjetaa FARREP waliin haasa’i. (03) 8345 3058 irratti bilbiluu dandeessu.

## Beellama qabachuu

Gara kilinika dhufuuf rifaralaa doktora naannoo keessanii (GP) isin hin barbaachisu.

Beellama qabachuuf, FARREP (03) 8345 3058 qunnamaa.

Ogeessi fayyaa ykn narsii fayyaa hawaasaa keessanis faksii (03) 8345 3036 irratti rifaralaa erguu ni danda’a.




**Maaloo beellama keessanitti nama afaan hiiku yoo barbaaddan nuuf himaa.**

Beellama 1 ol qabaachuu dandeessa:

- Beellama jalqabaa: waa’ee seenaa fayyaa keessanii isin waliin haasofna.
- Beellama lammaffaa: hojimaata ni hojjenna.
- Beellama sadaffaa: adeemsa kee booda fayyuu kee ni ilaalla.

Yeroo tokko tokko, hojimaanni kun beellama jalqabaa keessan irratti raawwatamuu danda’a.

## Beellama keessan irratti maaltu ta'a?

Narsiin/deessiftuu kilinikaa:

- gosa adeemsa akkamii akka si barbaachisu ilaaluuf dhaqna qabaa kee ni ilaalu
- dhimma fayyaa qabdan kamiyyuu si waliin haasa'u
- yoo hojimaata barbaaddu murteessite, akkaataa itti hojjetamu ni ibsina - ibsuudhaaf yoo kan qarqaaru ta'e,  suuraa fayyadamuu dandeenya.
- adeemsa sana booda qaamni kee akkamitti jijjiiramuu akka danda’uu fi fooyya'ina qabaatu ibsa gochuu
- dhimma fayyaa biroo yoo qabaattan, tajaajiloota biroo fi akkaataa itti isaan qunnaman isinitti himuu dandeenya
- adeemsa booda torban 4 hanga 6 booda ammas wal argina akkamitti akka jirtu ilaaluuf.

Hojjetaan FARREP:

- nama kamiyyuu kan hawaasaa barmaatii dhaqna qabaa itti baratame irraa dhufan kamiifiyyuu ni deeggaru
- beellama keessan akka geessan isin qarqaaruu fi yeroo beellama narsii/deessiftuu waliin qabdanitti isin faana jiraachuu
- wantoota qabatamaa kanneen akka geejjibaa gara hospitaalaa deemuu fi deebi'uu, kunuunsa daa'immanii, afaan hiikaa fi tajaajiloota biroo irratti gargaaruu
- odeeffannoo waa'ee tajaajiloota faayidaa qabeessa qaban fi akkaataa itti isaan hospitaala keessattis ta'e hawaasa keessatti qunnamtu siif ibsu
- waa'ee dhaqna qabaa fi seera Victoria keessatti odeeffannoo siif kenna
- odeeffannoo fayyaa siifi intala/intaloota keetiif (yoo qabaatte) siif kenna.

## Odeeffannoo quunnamtii

Hojjettoonni FARREP Wiiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa'aatii 9 hanga galgala sa'aatii 5tti ni argamu

T: (03) 8345 3058
E: farrep.program@thewomens.org.au
F: (03) 8345 3053

Yookiin hojjetaa FARREP buufata fayyaa hawaasaa naannoo keessanii qunnamaa.

Odeeffannoo dabalataaf marsariitii keenya barbaadaa: http://www.thewomens.org.au/health-information

## Sutata Afaanii

በርስዎ ቋንቋ መረጃ ለማግኘት በድረገጻችን ላይ ይጎብኙ
للحصول على المعلومات بلغتكم زوروا موقعنا الإلكتروني
用您說的語言瞭解詳情，請瀏覽我們的網站
Για πληροφορίες στη γλώσσα σας επισκεφθείτε την ιστοσελίδα μας
अपनी भाषा में जानकारी प्राप्त करने के लिए हमारी वेबसाइट पर जाइए
Per informazioni nella vostra lingua visitate il nostro sito web
Macluumaad intaas ka badan oo af Somali ah booqo websaytkayaga
Kendi dilinizde bilgi almak için web sitemizi ziyaret edin
Để biết thông tin bằng ngôn ngữ của quý vị, hãy truy cập trang mạng của chúng tôi

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii

**1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja**

Yoo miidhaa saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsisni si mudate gargaarsa argachuu dandeessa
Guyyaas ta'e halkan sa'aatii barbaaddanitti bilbiluu dandeessu.
1800 737 732
1800respect.org.au

**Itti gaafatamummaa:** Waraqaan kuni odeeffannoo waliigalaa qofa kenna. Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa dhuunfaa keessaniitiif, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa fudhadhaa. Hospitaalli Dubartoota (Royal Women's Hospital )ogeessa fayyaa arguu dhiisanii waraqaa odeeffannoo kana irratti hirkatanii jiraachuu keessaniin kasaaraa ykn miidhaa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo yaala fayyaa hatattamaa barbaaddan, maaloo kutaa balaa tasaa (Emergency) isinitti dhihoo jiru qunnamaa.

© The Royal Women's Hospital 2025